Waallee Barumsa Afaan Oromoo Sirna Barnootaa Sadarkaa Tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee: Xiinxala Waallee Liixxaa Dubbarruuwwaniifi Mallattooleerratti

Boonsaa Baabuu Aagaa[1], Dr. Addunyaa Barkeessaa[2], Dr. Guddataa Abdiisaa[31]

Axareeraa

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa Waallee Labsii Barumsa Afaan Oromoo Sirna Barnoota Sadarkaa Tokkoffaa Magaalaa Finfinneerratti Xiinxala Waallee Liixxaa (Critical Discourse Analysis) Dubbarruuwwaniifi Mallattooleerratti gaggeessuu ture. Waalleen barumsa Afaan Oromoo irratti jiran dubbarruuwwaniifi mallattoolee irratti sadarkaa biirootii hanga manneen barnootaatti dubbatamaniifi agarsiifaman ibsi kan itti kennameedha. Saxaxni qorannoo kanaa mala akkamtaa keessaa tokko kan ta'e xiinxala waallee liixxaa ta'ee saxaxa ibsaa-hiikaafi faassasaatti (explanation) gaggeessuudha. Malleen iddatteessuu qorataan itti fayyadame mala carraa tasaafi akkayyoofi darbaa dabarsaatiini. Meeshaaleen odeeffannoon ittiin sassaabaman daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataatiini. Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneerraa, Kutaa Magaalotaa sadiifi hojjettoota sirna Barumsa Afaan Oromoo irraa fi barsiisonni manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaarraa, walumaagalatti namoonni 15 afgaaffiif deebii kan kennuudhan; waajjiraalee adda addaa rraafi barsiisonnisadarka 1ffaa, walumaagalatti namoonni 19 ammoo marii gareerratti hirmaatanii jiru. Bu'aan qorannichaa akka agarsiisutti, barumsa Afaan Oromoo ilaalchisee dubbarruuwwaniifi mallattooleen akkasumas gochaaleen hawaasa sirna barumsa Afaan Oromoofi sirna barumsa afaan biroo (Afaan Amaaraa) irraa hojjetan gidduutti dhaabbilee barnootaa kanniin keessatti calaqqisan illaanya (ideology) walfaallessuun fudhatamanii kan ibsamaniidha. Iddoo baay'eetti kana kan agarsiisan itti fayyadamni afaanii jiran dubbiifi barreeffamaan sagantaa barumsa afaanii tokkoof qofa xiyyeeffannaa kennanii jiru; gochaaleefi mallattooleen jiran illaanya olaantummaa afaan tokkoof xiyyeeffannoon kennama. Illaanya itti fayyadama afaaniirratti jiru guuutummaatti walitti fiduun yoo dadhabames dubbarruuwwan, mallattooleefi gochaalee mul'atan sagantaa barumsa afaanotaa lamaaniif murtoo adda addaa irratti dabarsuun irratti hojjechuu barbaachisa.

Jechoota Ijoo: Waallee, Xiinxala Waallee Liixxaa, illaanya, dubbarruu

Abstract

The main objective of this research was to analyse discourse of the Afaan Oromo in the new Language curriculum of the Primary Education System of Addis Ababa City Administration with a particular focus on texts and other semiotics by critical discourse analysis. The discourses on Afaan Oromoo education on texts and symbols performed at the office level

[1] Yuunivarsiitii Wallaggaa, Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo

[2] Yuunivarsiitii Addis Ababaa, Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo

[3] Yuunivarsiitii Wallaggaa, Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo

and schools are explained. The design of this research is description-interpretation and explanation, which are types of the qualitative methods used in the critical discourse analysis. Purposive and snowball sampling techniques were employed to select subjects of the study. The data collection tools were observation, interviews and focus group discussions. While fifteen informants (from Ababa Education Bureau and three sub-cities and from primary schools teachers from the sub-cities) provided data to interview guiding questions, 19 participants (from Addis Ababa Education Bureau and three sub-cities and rimary school teachers from the cub-cities) participated in focus group discussion.. The findings of the study indicated that there was a contradictory ideology in language use regarding texts and symbols as well as practices of Afaan Oromoo language and that of Amharic Language. In many places, this is illustrated by the fact that existing language uses have focused on a language learning program in texts, existing practices and signs where inequality of languages use, i.e., domination of one language use ideology over the other was observed from the results of the data analysed. The researcher recommended that although the ideologies on language use cannot be fully reconciled, the words, signs and actions that appear need to be worked on by making different decisions for both language learning programs.

Keywords: *discourse, critical discourse analysis, ideology, texts*

1. Seensa

Itoophiyaan biyyoota adda addummaa afaaniitiin (linguistic diversity) beekaman keessaa tokko. Biyyi kun bal'ina lafaa miliyoona 1.1 kiilometira iskuweerii irra kan jirtu taatee, ijaarsa xinqooqaafi sabaan adda addummaa kan ofkeessatti hammattee jirtuudha. Gama garaagarummaa afaaniitiin yoo xiqqaate afaanonni torbaatamni akka afaan dhalootaatti kan dubbataman yoo ta'an, kanniin keessaa afaanonni muraasni namoota kitilootaan (millions) akkasumas kanneen kaan immoo namoota kumoota dhibbootaan lakkaa'amaniin akka afaan dhalootaatti kan dubbatamaniidha (Lassieuru, 2004). Haata'u malee, biyyattiin imaammata afaanii aftokkee hordofaa waan turteef, yeroo dheeraadhaaf afaan sabaafi sablammootaa haalaan idilee keessatti tajaajiluuf carraa hin arganne. Imaammanni afaanii waliigalaa ta'e kan imaammata guddaa jedhamu 'Itoophiyummaan' kan keessatti hammatame, dhaadannoo saba tokkoofi afaan tokko jedhuun ibsamaa ture (Wandimmuu, 2023). Afaan Oromoo dabalatee, afaanonni baay'een biyyicha keessatti carraa walqixxee argatanii kan itti hintajaajilamneefi olaantummaa afaan saba tokkootiin dhuunfatamee ibsamaa kan tureedha.

Afaan Oromoo, afaanota irra jireessaan Itoophiyaa keessatti namoota baay'een dubbatamu ta'ee, garuu, akka afaan barnootaatti kan itti hinfayyadamneeture. Bara 1991 asitti, heerri mootummaa ADWUI irratti tumameen daree barnootaa sadarkaa tokkoffaa marsaa jalqabaafi lammaffaa keessatti akka afaan barumsaafi barumsa afaaniitti, sadarkaa lammaffaatti akka gosa barnootaatti, sadarkaa kolleejjii naannootti akkasumas yuunivarsiitiiwwan keessatti

digirii tokkoffaafi lammaffaa ittiin barsiifamuun eegalame. Afaan Oromoos haaluma kana keessa afaan barumsaafi barumsa afaanii ta'uun tajaajilaa jira.

Haata'u malee Finfinneen kan seeraafi heerri biyyichaa magaalaaa guddittii Oromiyaa ta'uushii beekamtii kenneef, wiirtuu magaalattiirraa kiilometira kudhan kan hincaalletti afaanichi bal'inaan dubbatamu keessatti Afaan Oromoo afaan barnootaa yookiin barumsa afaanii ta'uu dhowwamuun yeroo dheeraaf danqamaa ture. Akka Smith (2007) argannoo qorannoosheen lafa keessetti, afaan matumasaatiinuu siyaasa; sababiin isaa dandeettii Afaan Amaaraatiin dubbachuun walqabsiisuun seenaa aangoo siyaasaa biyya Itoophiyaa ittiin bulaa turte keessatti ibsamaa tureera. Magaalaa Finfinnee keessattis haaluma walfakkaatuun olaantummaa afaan biroof kennuun qaamota ilaalcha eeyyantaan (positive attitude) afaanicha hin fudhanneen dhorkamaa tureera. Barumsi Afaan Oromoo magaalicha keessatti kennamuu erga jalqabee agarsiiftuwwan gama dubbarruu, mallattooleefi gochaaleen jiran irratti qorataan xiinxala waallee liixxaa fayyadamuun qorannoosaa adeemsiseera.

Qabiyyee bu'uuraa kana jalatti hojiirra oolmaa barumsa Afaan Oromoo sirna barnootaa sadarkaa tokkoffaa Magaalaa Finfinnee keessatti waalleewwan dubbarruufi mallattooleen Afaan Oromoo ilaalchisanii itti fayyadamamantu ibsamee jira. Akkuma beekamu, Afaan Oromoo afaan dubbattoota isaatiin Itoophiyaa keessaa sadarkaa tokkoffaa qabu ta'ee osoo jiruu carraa dhabuudhaan yeroo dheeraadhaaf afaan barumsaas ta'ee barumsa afaanii osoo hinta'in turee jira (Mekuria, 1994). Waggoota sadan kanaa asitti garuu, sirna barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee sadarkaa tokkoffaa keessa galee afaan barumsaa akkasumas barumsa afaanii ta'ee jira.

Galmoon (context) inni keessatti hojiirra oole kunis kan duraan Afaan Amaaraatiin alatti afaanonni Itoophiyaa kanneen biroo keessatti carraa hinargatiniidha. Kanaafuu, dubbarruufi mallattooleen afaanicha barsiisuun walqabatanii dhimma itti bahaman agarsiiftuwwan isaan milkaa'ina kaayyoo barumsa afaanichaarratti qaban miti eeyyantaa yookiin eeyyantaas ta'uu malu. Kana adda baafachuuf dubbarruu, gochaaleefi mallattooleen afaanicha ilaalchisanii dhimma itti ba'aman xiinxalamaniiru. Qorannoo kana akka qoratuuf kan qorataa kakaase wantoota magaalicha keessatti argaman itti fayyadama afaanii, gocha, mallattoolee jiran dabalatee aadaa saba tokkoo dhaabbatoota barnootarratti hojjetan keessatti argaa turuusaati. Inni kan biraan mormiiwwan bulchiinsa magaalichaa keessatti erga labsiin afaanii haaraan darbee as mul'achaa turaniidha. Amma yeroo imaammanni haaraan ba'e kanattis mirga afaanota lamman ittiin barumsi kennamaa jiru walqixatti eeguu yookiin dhiisuu agarsiiftuwwan jiran ilaaluu ture. Kanarratti hundaa'uun kaayyowwan gooree qorannoo kanaa gadiitti tarreeffamanii jiru.

- Sirna barnootaa sadarkaa tokkoffaa Magaalaa Finfinnee keessatti kennamaa jiruuf dubbarruuwwan Barumsa Afaan Oromoo akkamiin akka agarsiisan ibsuu,
- Barumsa Afaan Oromoo labsii haaraatiin kennamaa jiruuf itti fayyadama afaanii gama dubbarruufi mallattooleen jiran addeessuu ta'u.

2. Yaadrimee Waalleefi Xiinxala Waallee

Beektonni waalleef hiika tokko yookiin walfakkaataa ta'e itti kennuun lafa hinkeenye. Kanarra, dirree barnootaa isaanii irratti hundaa'uun karaalee adda addaa hiikuuf yaalaniiru; barruuwwan isaanii jiran keessattis, waallee unkaafi tajaajila inni kennu irratti hundaa'uun hiika itti kennaniiru. Unka inni ofkeessaa qabuun, waalleen qaama afaanii hima yookiin ciroo oliin hiikamuu kan danda'uudha Stubbs (1983) & Leech (1983) fi Addunyaan (2016) akka ibsanitti, waalleen sadarkaa xiinxala xinqooqaa jechaafi himatti aanee akka dhufu agarsiisa; kunis, waallee unka dubbiin xiyyeeffannoo taasifachuuni. Karaa biraa, tajaajila isaarratti hundaa'uun caasaa xiinqooqaan osoo hintaane, waalleen tajaajila dubbarruun hawaasa keessatti qabu xiyyeeffachuun agarsiifameera (Blommaert, 2005). Waalleen karaalee walqunnamtiif afaanitti dhimma ba'uun yaada, waan itti amanan, yaada dhuunfaafi odeeffannoo qaban galmoo adda addaa jiran kanneen akka hawaasummaa, aadaafi seenaa keessatti itti gargaaramaniidha. Dalagaalee unkaafi tajaajila barreeffamaafi barreeffamaan alaatiin raawwatamuudha.

Waalleen itti fayyadama afaanii ilaalcha waan tokkoof hawaasni taatee adda addaa keessatti bakka buusee itti fayyadamuudha. Akka Brown and Yule (2003) jedhanitti, waalleen bifa salphaa ta'een haala keessatti afaanitti fayyadamnuuti. Afaan hiika unka adda addaa kan qabuufi haalota keessatti itti dhimma ba'amaniin kan murtaa'uudha. Haalota keessatti fayyadamnu kan agarsiisu, mata duree, hirmaattota, kaayyoo yookiin bu'aaa isaa, gosa gochaa, yeroofi bakka afaanicha keessatti itti fayyadamnu kan agarsiisuudha. Waallee ilaalchisee yaada hayyoonni adda addaa kennan walitti fiduun yoo ilaalle waalleen afaaniin kan dubbatamu, barreeffamaafi mallattoo addaddaan kan hiika dabarsuu danda'an mara kan ofkeessatti hammatuudha.

Yeroo baay'ee beektonni garagaraa, dhiyaannaa karaalee afaanitti bifa barreeffamaafi dubbiitiin galmoo keessatti itti dhimma ba'aman xiinxala waallee gargaaramuun qarannoo adeemsisaa turaniiru. Xiinxalli waallee kan xiyyeeffatu, qo'annoo waa'ee itti fayyadama afaaniifi haalota keessatti itti fayyadamnuuti. Xiinxalli waallee, hawaasummaafi ilaalcha aadaa akkasumas eenyummaa ibsuuf dubbiifi barreeffamaan afaan akkamitti hojiirra akka oolu kan agarsiisuudha.

Qorannoo kana keessatti, agarsiiftuwwan gama itti fayyadama afaanichaan jiru waalleetti dhimma ba'amuun xiinxalamaniiru. Afaan gocha hawaasaa kan ilaallatu waan ta'eef, haala liixxaa ta'een ilaaluun aad-hawaasaan, seenaafi siyaasa hawaasni sun keessa jiraatuun walqabsiisuun ibsuu gaafata. Barumsi Afaan Oromoo magaalaa guddoo Oromiyaa kan taate Finfinnee keessatti akka afaan dhalootaattiifi akka afaan lammaffaatti warra barataniif kennamaa kan jiruudha. Afaaniin, gochaafi mallattoon wantoonni hawaasa mana barumsaafi waajjiraalee barnootaa irraa mul'atan xiinxala waallee kanatti fayyadamuun kan ibsamaniidha.

Sababiin isaas, xiinxalli waallee dubbiifi barreeffamaan akkasumas mallattooleen wantoota jiran galmoo yeroo sanaatiin maaliif akka itti fayyadaman waliin xiinxaluuf kan gargaaru waan ta'eefidha. Xiinxalli waallee hiika ciroo yookiin himaa olitti yaadonni qabatanii jiran ittiin xiinxaluuf waan gargaaruuf wantoota barreeffamaniifi dubbiin darban keessatti xiinxalaa deemuuf gargaara. Agarsiiftuwwan dhimmoota barachuu-barsiisuu keessatti afaaniin ala barattootaafi barsiisota irraa dubbatamaniifi raawwataman akkasumas wantoota mallattoolee biiroo, waajjiraalee barnootaafi manneen barnootaa keessatti mul'atan xiinxalamaniiru.

3. Caayaa Yaadiddama Qorannichaa (Theoretical Framework)

Qorannoon kun gama caayaa yaadrimeetiin (conceptual framework) itti fayyadama afaanii dubbarruufi mallattooleen barumsa Afaan Oromoo agarsiisuuf oolan mala akkamtaan xiinxaluudha. Caayaa Fairclough's, (1992), Adugna's, (2016), hordofuun kallattiilee sadan: ibsuu, hiikuufi faassasuu yookiin addeessuu (explanation) jedhaniin kan xiinxalamaniidha. Ragaaleen dubbarruuwwan raghimtoota adda addaarraa afgaaffiifi maree gareen akkasumas daawwannaan argamaniifi mallattooleen/ gochaaleen bakkeewwan adda addaatti namootaan calaqqisiifaman unka isaan qaban irratti xiyyeeffatamee ibsi kan itti kennamaa deemeedha. Innis, bifa dubbarruu (tectual) fi galmoowwan (contextual) isaanii ibsuu kan haammatuudha.

Qorannicha keessatti amaloota unka isaaniin: jechootatti, gaalewwanittiifi ciroowwan akkasumas bifa himaan lakkoofsa sararoota keessatti ciccitanii (extracted) fudhatamaniin dabaleewwan keessatti tooraan kaa'amaniini. Dubbarruuwwan ciccitanii kaa'aman aanguu (stanza) yaadota ijoo isaan qaban jalatti garee gareen qoqqoodamanii jiraniin ta'u (Gee's, 2008). Akka 'Gee' akeekutti, dubbarruuwwan (texts) iddoo tokkotti walitti qabaman aanguuwwan (stanzas) adda addaa kanneen tuuta sararootaa ofkeessaa qabanitti qoqqoodamuu kan danda'aniidha. Kanaafiyyuu, qorannoo kana keessatti sararoonni aanguutti kan gareeffamaniifi aanguuwwan (stanzas) immoo, yaadota citanii fudhatamaniin kan bakka buufamaniidha.

Xiinxalli ragaalee qorannoo kanaa maleenya xiinxla waallee liixxaa (Critical Discourse Analysis Approach) xiyyeeffachuun geggeeffame. Maleenyi xiinxala waallee liixxaa qabiyyee xiyyeeffatame ibsuu, hiikuufi faassasuu (explanation) haala barbaachisuun xiinxaluun labsii barumsa Afaan Oromoo sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti labsame agarsiiftuwwan adda addaa illaanya afaanii, dhiibbaa aangoofi walcaalmaa afaan keessatti mul'atu ittiin xiinxaluuf waan mijataa ta'eefi. Xiinxalli waallee liixxaa dhimma hawaasa bal'aafi dhimmoota ifatti mul'atan kanneen akka illaanya, aangoo, walcaalmaafi waan kana fakkaatan hawaasa biraan ga'uufi ilaalchota hawaasaa barreeffamaafi dubbiin jiran xiinxaluufi hiikuun adda baasee agarsiisuuf kan ooluudha (Blommaert J., 2005).

Afaan Oromoo kutaalee Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee manneen barnootaa jiran keessatti baratamuu eegalee jira. Afaan Oromoo akka afaan dhalootaafi akka afaan lammaffaatti barsiisuuf magaalicha keessatti labsamee jiru kun gara mana barumsaatti gadi bu'ee magaalaa dur keessatti lagatamaa, akka ittiin hinbarsiifamne dhorkamee tureedha. Barumsi afaanichaa labsamuun booda itti fayyadamni afaanii, illaanya tureefi kan ammaa bifa eyyantaas ta'ee miti eyyantaan waajjiraaleefi manneen barnootaa keessatti calaqqisiifaman xiinxalamaniiru. Agarsiiftuwwan adda addaa argaman fudhachuun haasgochaanis haata'u dubbarruun mul'atan ka'umsa taasifachuun ture.

4. Xiinmala Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti odeeffannoowwan dubbarruun, galmoofi dalagaalee hawaasichaarraa kallattiin fudhataman sadarkaalee sadan xiinxala waallee liixxaa keessatti hojiirra ittiin oolan saxaxa ibsaa, hiikkaafi addeessaatti yookiin faassasaatti qorataan dhimma ba'eera. Akka Addunyaan (2016) ibsetti, saxaxni ibsaa-hiikkaa odeeffannoo ilaalcha hirmaattota sanaarraa argaman qorataan ibsuufi hiikuu kan gaafatuudha. Akkasumas, xiyyeeffannoon saxaxa faassasuu akkamtaa dhugaa garee hawaasaa keessa jiru, gaaffilee maaltuufi akkamitti jedhan fayyadamuun miidhaa inni qaqqabsiise, dhiibbaafi bu'aa inni qabu adda baasuudha (Dornyei, 2007). Haaluma kanaan, qorannoon kun manneeniifi waajjiraalee barnootaa magaalattii keessa jiran keessaa kanneen Afaan Oromoo barsiisaniifi waajjira dhimmi barnootichaa ilaallatu keessaa filachuun raghimtoota kanniin irraa odeeffannoowwan argaman ibsuu, hiikuufi faassasuun (explanation) kan raawwatameedha.

Iddattoowwan qorannoo kanaa, bakki isaa Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, Waajjira Barnootaa Kutaa Magaalotaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessa jiran kanneen filatamaniifi gandoota aanaa keessaa manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa kutaa

magaalotaa jalatti argaman irratti kan adeemsifameedha. Iddattoon hirmaattotaan immoo, hojjettoota Biiroo Barnootaa Magaalichaa keessaa Sirna Barnoota AO irratti kan hojjetan, hojjettoota waajjiraalee barnootaa kutaa magaalaa keessaa hojjetan, qindeessitoota yookiin superviseroota, barsiisotaafi barattoota.

Qorannoo kana keessatti qorataan malleen iddatteessuu adda addaatti dhimma ba'uun odeeffannoo walitti qabateera. Qorataan malleen iddatteessuu carraafi miti carraatti fayyadamuuni. Mala iddatteessuu carraatiin iddatteessuu carraa tasaatti fayyadamuun kutaawwan magaalaa, manneen barnootaa aanota isaan keessatti argamaniiti. Mala iddatteessuu miti carraa keessaa akkayyoofi darbaa dabarsaatti fayyadamuuni. Mala darbaa dabarsaatiin hojjettoota dabalatee barsiisota yeroo labsiin darbee kaasanii turan filachuun ture. Akkayyoodhaan immoo, qindeessitoota itti aantotaafi misooma barsiisotarraa kan hojjetan, superviseroota, barattoota abdaree ta'an lama lama fudhachuun afgaaffiin taasifameeraaf.

Qorannoo kana keessatti meeshaaleen ragaan ittiin funaanaman daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffataati. Meeshaa daawwannaa kanaan qorataan Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee, Waajjiraalee Barnootaa Kutaa Magaalotaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee sadii: Kutaa Magaalotaa Araadaa, Qiirqosiifi Liidataa daawwateera. Akkasumas, manneen Barnootaa Sadarkaa tokkoffaafi giddugaleessaa kutaa magaalotaa kanniin jalatti argaman ta'anii, barumsi Afaan Oromoo itti laatamu lakkoofsaan ja'a ta'an keessatti daawwannaa taasiseera. Daawwannaa kanaanis, yeroo adda addaa achitti argamuun wantoota dubbarruun jiran, mallattooleefi gochaalee adda addaa naannoo dhaabbattoota olitti eeramanii fudhachuun waallee labsii barumsa AO xiinxaluun kan geggeeffameedha. Mirkanee (chechlist) garagaraa qopheeffachuun odeeffannoo nabarbaachisan guuttachaa deemuun ture.

Meeshaa odeeffannoon ittiin guurame keessaa afgaaffiin isa tokko yoo ta'u, ogeessota sirna barnoota Afaan Oromoo Biiroo keessaa hojjetan sadii, Waajjira Barnootaa kutaa magaalotaa sadii keessaa tokko tokko, superviseroota sadiif afgaaffii taasiseera. Barsiisota manneen barnootaa Sadarkaa tokkoffaa barsiisan ja'aaf afgaaffiin taasifameera. Walumaagalatti, qorataan namoota kudha shaniif gosa afgaaffii gamisaan caaseffamaa (semi structured) baafatee gaafateera. Afgaaffii kanas yeroo dhiyeessuuf unka mirkanee (chechlist form) waliin, meeshaa waraabduu sagalee akkasumas yaadannoo qabachuun kan adeemsifameedha.

Qorannoo kana keessatti, qorataan garee namoota adda addaa kanneen odeeffannoo guutuufi ifaa ta'e kennuu danda'u jedhee yaade hammachiisuun kan adeemsifameedha. Haala kanaan, hojii ogummaa dhimma barnoota afaanii irratti ogeessota jiran biiroo barnootaa keessaa dhimma barumsa Afaan Oromoorraa kanneen hojii adeemsisan garee tokko miseensa ja'a kan

ofkeessaa qabu waliin marii taasiseera. Haaluma kanaan, muummeefi barsiisota Afaan Oromoo sadarkaa tokkoffaa barsiisan manneen barnootaa lama keessaa miseensa ja'a kan qabu tokkoofi miseensa torba kan ofkeessaa qabu tokko fudhachuun marii garee waliin taasiseera.

Malli xiinxala ragaalee qorannoo kanaa xiinxala waallee liixxaa (critical Discourse Analysis) bu'uura godhachuuni. Kanas, dhiyaannaa qorannoo akkamtaan odeeffannoon argadhu, maleenya xiinxala waallee liixxaa (Fairclough's, 2003), kan Van Dijk (2006), Wodak, R., (2001) fi Adugna Barkessa, (2016) hordofuun odeeffannoowwan argaman kan xiinxalamaniidha. Ragaaleen dubbarruuwwan raghimtoota adda addaarraa afgaaffiifi maree gareen akkasumas daawwannaan argaman unka isaan qaban irratti xiyyeeffatamee ibsi kan itti kennamaa deemeedha.

Qorannicha keessatti amaloota unka isaaniin: jechootatti, gaalewwanittiifi ciroowwan akkasumas bifa himaan lakkoofsa sararoota keessatti ciccitanii (extracted) fudhatamaniin dabaleewwan keessatti tooraan kaa'amaniini. Dubbarruuwwan ciccitanii (extracted) kaa'aman aanguu (stanza) yaadota ijoo isaan qaban jalatti garee gareen qoqqoodamanii jiraniin ta'u (Gee's, 2008). Akka 'Gee' akeekutti, dubbarruuwwan (texts) iddoo tokkotti walitti qabaman aanguuwwan (stanzas) adda addaa kanneen tuuta sararootaa ofkeessaa qabanitti qoqqoodamuu kan danda'aniidha. Kanaafiyyuu, qorannoo kana keessatti sararoonni aanguutti kan gareeffamaniifi aanguuwwan (stanzas) immoo, yaadota citanii fudhatamaniin kan bakka buufamaniidha. Gochaaleen raawwataman kallattiifi alkallattiin barumsa afaaniif gumaacha taasisan qabu. Kunis wantoota barreeffamaniifi dubbataman irraa akkasumas gochoota adda addaa taasifamaniin fudhatamee kan hiikni itti kennamaa deemeedha.

Qorannoo kana keessatti ragaaleen maddeen adda addaa hojjettoota sadarkaa biiroo barnootaatii hanga barattoota manneen barnootaa keessa jiraniitti yookiin qaamota dhimmi barnoonni Afaan Oromoo ittiin raawwatuufi irratti raawwatamutti hammachiisuun dhimmoota walfakkaatoo irratti kan funaanamaniidha. Ragaaleen kunniin malleen meeshaalee funaansa ragaalee: afgaaffii, daawwannaafi mariigaree xiyyeeffataan mata-duree walfakkaatan irratti maddeen kanniin irraa kan guuramaniidha. Kanneen kunniin immoo, amanamummaa ragaalee kanneen kan mirkaneessaniidha.

Dhimmoonni adda addaa xiyyeeffannoo argachuu qaban naamusa qorataati. Hayyama qabachuun argamuu, iccitii odeeffannoo raghimtootaa eeguufi amanamummaan socho'uudha. Akka nama qorannoo geggeessaa jiru tokkootti naamusa isarraa barbaadamu guuttachuun, waraqaa ayyamaa qabachuun bakkan ragaa argatutti argamuufi odeefkennitootaaf

odeeffannoo sirrii kennuun, kaayyoo isaa beeksisuun qorannoo yaaliirraa hanga isa dhumaatti qorannoosaa fiixaan baasuuf irratti hojjechuudha.

5. Argannoowwaniifi Ibsa (Results and Discussion)

Kutaa kana keessatti argannoowwan qorannootu dhiyaatanii ibsi itti kenname. Xiinxalli kunis bu'uura xiinxala waallee liixxaatiin raawwatame. Innis, sadarkaalee xiinxala waallee liixxaa keessatti hojiirra oolaniini. Sadarkaaleen kunniin waallee barumsa Afaan Oromoo sirna barnootaa sadarkaa tokkoffaa Magaalaa Finfinnee ibsuufi hiikuudha. Ibsi kunis dubbarruuwwaniifi mallattoolee afaanichaan walqabatanii biiroo, waajjiraaleefi manneen barnootaa filataman keessatti argaman irratti kan geggeeffameedha.

5.1. Dubbarruuwwaniifi Mallattoolee Barumsa Afaan Oromoo Ibsan

Dubbarruuwwaniifi mallattooleen hojiirra oolmaa sirna barnoota afaanii keessatti fayyadamaman kaayyoo barumsa afaan tokkoo milkeessuu ykn gufachiisuu keessatti gahee guddaa qabu. Keessumaa barnoota afaan dhalootaa kanneen yeroo dheeraadhaaf carraa hinargatain turaniifi galmoo keessatti barsiifamuu eegalaniif haaraa ta'an ilaalchisee dubbarruufi mallattoon gargaaramnu of eeggannoo barbaadu (Bourdieu, 1991). Sababoonni kanaan walqabatan immoo, waalleen kanaan dura ture olaantummaa afaan tokkoo qofa waan agarsiisuuf, kanneen afaan dhalootaa isaanii afaan barumsaa hinta'in tureef walqixatti itti fayyadamuurra caalmaan afaan duraan tureef kennama. Kunis mallattoo sarbamiinsaa yookiin walitti bu'iinsaa (symbolic violence) warra olaantummaa gama itti fayyadama afaan isaaniifi kanneen sabni biroon haaraa afaan barumsaa ta'e gidduutti kan uumuudha (Chege, 2009).

Qabiyyee bu'uuraa kana jalatti hojiirra oolmaa waallee barumsa AO sirna barnootaa sadarkaa tokkoffaa Magaalaa Finfinnee keessatti dubbarruufi mallattooleen Afaan Oromoo ilaalchisanii itti fayyadamamantu ibsamee jira. Akkuma beekamu, Afaan Oromoo afaan dubbattoota isaatiin Itoophiyaa keessaa sadarkaa tokkoffaa qabu ta'ee osoo jiruu, carraa dhabuudhaan yeroo dheeraadhaaf afaan barumsaas ta'ee barumsa afaanii osoo hinta'in turee jira. Waggoota sadan kanaa asitti garuu, sirna barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee sadarkaa tokkoffaa keessa galee afaan barumsaa akkasumas barumsa afaanii ta'ee jira.

Galmoon inni keessatti hojiirra oole kunis kan duraan Afaan Amaaraatiin alatti afaanonni Itoophiyaa kanneen biroo keessatti carraa hin argatiniidha. Kanaafuu, dubbarruufi mallattooleen afaanicha barsiisuun walqabatanii dhimma itti bahaman dhiibbaan isaan milkaa'ina kaayyoo barumsa afaanichaarratti qaban miti eeyyantaas, eeyyentaas ta'uu malu. Kana adda baafachuuf dubbarruufi mallattooleen afaanicha ilaalchisanii dhimma itti ba'aman xiinxalamaniiru. Kanatti aansuun dubbarruufi mallattoolee barumsa afaanichaa ibsantu mata-duree adda addaa jalatti ibsaman.

5.2. Dubbarruuwwan Barumsa Afaan Oromoo Ibsan

Manneen Barnootaa sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti, barumsi sagantaa afaanota lamaaniin akka kennamu bara 2022 kaasee kan ifatti labsameefi imaammanni afaaniis qophaa'ee hojii keessa kan jiruudha. Sagantaa AO fi AAmh tiin manneen barnootaa keessatti kan kennamu ta'ee, barattoonni AO akka afaan barumsaafi barumsa afaaniitti ittiin barachaa jiru. Akkuma kana AAmh akka afaan barumsaafi barumsa afaaniitti kan kennamaa jiruudha. Afaanonni kunniin yeroo barsiifaman fedhii isaanii irratti hundaa'uun barachuu-barsiisuun adeemsifama; kanas, afheddee hojiirra oolchuuf, sirna mootummaan ammaa afaanota hojii shan taasisuuf labsametti, imaammatichi kan diriireedha. Sagantaan afaanota lamaanuu walqixa tajaajilu jechuudha. Kanaaf, itti fayyadamni afaanii biiroo, kutaa magaalotaafi manneen barnootaa keessatti maal akka fakkaatan xiinxalamaniiru. Itti fayyadamni afaanii kunniin barruufi dubbiin argamuun isaanii amaloota ittiin adda ba'an kan qabaniidha. Waalleen barreeffamaa meeshaalee xalayaa, barruuwwan, kitaabilee, maxxansoota, barjaaleefi kan kana fakkaatan fayyadamuun walqunnamtiif kan oolaniidha. Qindoomina unkaafi hiikkaa isaan qaban, hirmaattotaan walitti fiduun kan ilaalamaniidha. Kanneen dubbiin darban immoo, dubbii taasifamaniin, qindoomina unka salphaan kan argamaniifi hiika udumame kan qabaniifi fuulaa- fuulaan walarguun walquunnamtiif kan itti fayyadamnuudha (McCarthy, 1991 and Jahandarie, 1999, akka Adugna 2016 ibsetti). Xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e Barumsa Afaan Oromoo ilaalchisee wantoota barreeffamaan akkasumas mallattooleen jiran agarsiiftuuwwan adda addaafi dubbii afaaniin ilaalcha hawaasi garagaraa barumsa afaanichaa ilaalchisee qaban kan xiinxalamanii jiraniidha. Dubbarruun afaan tajaajiloota adda addaaf ooluudha. Dubbarruuwwan barreeffamaafi dubbiin jiran amaloota adda isaan godhan niqabu (Fairclough, 2003). Dubbarruun barreeffamaa quunnamtiif kan oolan wantoota barreeffaman kanneen akka: xalayaa, barruulee, kitaabilee, bar-yaadannoo, barjaaleefi kan kana fakkaataniin kan dhiyaatuudha. Kana malees, amaloota isaa keessaa qindoomina unkaafi hiikaan akkasumas hirmaattota waliin walirraa fageenyaan kan beekamuudha. Waalleewwan dubbiin dhiyaatan immoo, walquunnamtii keessatti dubbii afaan keessaa ba'uun kan dhiyaatuudha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa, dubbarruuwwan gama barreeffamaatiin jiran barjaaleefi mallattoolee adda addaa irratti ta'ee, gama dubbiin immoo, dubbiiwwan geggeeffaman unkaafi tajaajila isaan laatan dhimma itti fufiinsa Barumsa Afaan Oromoo irratti ibsuun kan agarsiifameedha. Wantoota barreeffaman keessaa barjaalee, kanneen ijatti mul'atan mallattoolee adda addaafi

wantoota dubbiin darban gochaalee/dubbiin qorataan fudhateen xiinxalasaa keessattis fayyadameera.

5.3. Barjaalee Naannoo, Balbalaafi Kutaa Biiroo Barnootaa

Itti fayyadama afaanii keessaa wantoota barreeffamaniifi dubbataman akkasumas agarsiifaman fudhachuun nidanda'ama. Waalleen barreeffamaa xiinxalli waallee itti fayyadamni afaanii gama barreeffamaan, barjaaleen biiroo, waajjiraaleefi manneen barnootaa keessatti mirga afaanota barumsi ittiin kennamaa jiru irratti qorataan xiinxalamaniiru. Barjaaleen kunniin naannoo, mooraafi kutaalee keessatti afaanota isaan ittiin barreeffaman, akkaataa argama isaaniifi haala namoonni ittiin fayyadaman kan ilaalamaniidha. Waalleewwan kana dura turan keessatti, barjaaleen akkasumas mallattooleen afaan tokkicha barachuu-barsiisuun magaalicha keessatti ittiin adeemsifamaa ture kan agarsiisaniidha. Galmoowwan amma jiraniin afaan biyya keessaa barumsa afaanii ta'ee yeroo dabalamutti, waalleewwan barreeffamaa duraan turan cinatti hojjechuufi gufuuwwan akka itti hinfayyadamne taasisan kan xiinxalaaf dhiyaateedha.

Haaluma kanaan qorataan daawwannaa Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee irraa kaasee, hanga Manneen Barnootaa Sadarkaa tokkoffaatti taasiseen barjaaleen haalli isaan ittiin hojiirra oolan iddoodhaa iddootti garaagarummaa kan qabaniidha. Naannoo biiroo barnootaatti afaan lamaan barreeffamee argama. Dhaabbii manaa karaa alaatiin kallattii agarsiisuuf, odeeffannoo adda addaa kennuuf afaan lamaan kan jiraniidha. Olseensa balbalaa irratti haalli barjaaleen jiran iddoo tokko tokkotti afaan lamaan, bakka baay'eetti immoo afaan tokko qofaan kan jiraniidha. Fuuldura teessoo hojjettootaatti maqaafi gaheen hojii isaanii adeemsa SBAO irraa kan hojjetanirraa kan hafe afaan tokko qofaan kan jiraniidha. Akkaataan ittiin argama barjaalee kanneenii, AAmh irra keessatti, AO jalatti barreeffamanii kan jiraniidha. Guddinni qubeewwanii afaanota lamaaniif walqixxee kan ta'eedha.

Waalleen barjaaleen ittiin afaan lamaan barreeffamuu naannoofi kallattii agarsiiftuwwan dhaabbii manaa irratti Biiroo Barnootaatti argamu, haala baramaa kana duraarraa jijjiirama agarsiisuun nijira. Illaanya aftokkee karaa barjaa mul'atu kan hambiseefi afdanummaan kan hojiirra oolaa jiru calaqqeen jiraachuu kan agarsiisuudha. Barjaaleen balbala olseensa kutaawwaniirra jiran namoonni ilaalcha adda addaa qaban akka jiran kan jechisiisu, qaama ilaallatu qabaachuufi gareen hafan immoo, afaanuma tokkoon agarsiisuutu mul'ate. Kana keessatti mormiin jiraachuufi afaan lamaaniif ilaalcha walqixxee dhabuutu jira. Gaafa kutaa keessatti barjaaleen jiran xiinxalamus, afaan barumsaa lamaaniin barreessuun gareewwan lakkoofsaan hedduu ta'an biratti mul'achuun olaantummaa baay'ina achi keessatti argamuun dhiibbaan kan jiruudha. Afaan duraan achitti ittiin barsiifamaa ture caalchisuun, afaan amma

barumsi afaanii akka ittiin kennamu labsiin darbee jiru gadaantummaan ilaaluu isaanii ibsa kan laatuudha. Seerri barjaan ittiin barreeffamu barumsa afaanonni ittiin kennaman irratti jiraachuu baatus, irratti barreessuufi jalatti barreessuun hiikkaa inni qabu karaalee adda addaa ilaaluun nidanda'ama.

5.4. Barjaalee Naannoo, Balbalaafi Kutaa-Kutaa

Akkaataa barjaaleen naannoofi keessoo waajjiraalee barnootaa kutaa magaalotaa keessatti barreeffamanii argaman haala walfakaataniin miti. Naannoo Biiroo Barnootaatti barjaaleen jiran, naannoo waajjiraaleetti haala sanaan hin argaman. Olseensa balbalaa gubbaatti karaa alaa kutaa magaalotaa qorataan itti argame keessaa waajjira barnootaa tokko qofarratti afaanota sadiin barjaan kan jiruudha. Maqaafi gaheen hojjettoota waajjiraalee barnootaa keessaa hojjetanii adeemsa sirna barumsa Afaan Oromoo (SBAO) irraa kan hojjetanirraa kan hafe, afaan tokkoon kan barreeffameedha; innis AAmh qofaan jira.

Waalleewwan duraan afaan tokkotti fayyadamaa ittiin turan, osoo hinjijjiirin akkuma duraan turetti jira jechuudha. Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee sirna barumsa afaanii haaraa afdaneessummaa hojiirra oolchuuf labsiin darbee ittiin hojjetamaa jiru garee murtaa'aa kanneen AO irraa hojjetan biratti afaan lamaan yeroo fayyadaman, gareen hedduun immoo, aftokkeetti fayyadamu jechuudha. Inni barjaan Biiroo Barnootaa keessatti hojjetu walqixa waajjiraaleetti hojjetaa hinjiran. Ilaalcha afaanota lamaaniif geggeessitoonniifi hojjettoonni qaban kan wal hinfakkaanneefi mormiin afdanee jiraachuu agarsiisa.

5.5. Barjaalee Naannoo, Balbalaafi Kutaa Mana Barumsaa

Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi giddu-galeessaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti argaman iddattoowwan qorataan filataman keessatti barjaaleen jiran mirga afaanota barumsi ittiin kennamaa jiru walqixatti eeganii hinargaman. Biiroorraa gara kutaa magaalotaatti garaagarummaan mul'atan barjaaleerratti akkuma jiran, manneen barumsaa gidduuttis haala walfakkaataan barreeffamanii hin argaman. Manneen barnootaa qorataan filate hunda keessatti jechuun kan danda'amu balbala guddaa irratti barjaan afaan sadiin Afaan Amaaraa, itti aanee AO, sadaffaa irratti Afaan Ingilizitiin barreeffamee jira. Guddinni isaanii afaan sadaniif walqixxeedha. Gara keessoo mooraatti yeroo seenamu, barjaaleen mana barumsaa mana barumsaatti garaagarummaa qaba.

Mooraa manneen barnootaa tokko tokko keessatti afaan lamaan barreeffamee argama; isaanis: A/Amh fi AO tiini. Barjaaleen ittiin barreeffamanii kan argamanis: beeksisa duudhaalee manneen barnootaa, gabatee beeksisaa, sagantaa wayitii barnootaa, balbaloota olseensa kutaawwan hojjettootaa irratti yoo ta'u, olseensa balbala hogganaa dursaafi faayinaansiitti Afaan Amaaraa qofaani. Manneen barnootaa baay'ee keessatti garuu, barjaaleen balbala

guddaarraa kan hafe, AAmh qofaan barreeffamanii jiru. Yaaliiwwan hojjettoonni barjaa AO itti dabaluun barreessuu manneen barnootaa keessatti taasisan, barjaalee kanniin ciranii gatuun akka jiru raghimtoota irraa odeeffannoo argachuun danda'ameera.

Barjaaleen manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti haala garagaraan barreeffamanii kan argamaniidha. Waalleewwan barreeffamaa achitti afaanota lamaan akka fayyadaman sirna barumsa afaanii, imaammata afaanii bulchiinsi magaalichaa baafateen hoogganama. Irra keessoon manneen barnootaa barjaan gara alaatti mul'atuun mirgi barumsa afaanota lamaanii kan eegaman fakkaatu. Garuu, keessatti kan jiran kanneen alatti mul'atanirraaa faallaa ta'anii argamu. Mormiin Barumsa Afaan Oromoo irratti jiru, gama barreeffama barjaalee irratti afaanichaan akka hinbarreeffamne dhorkuun jira. Illaanyonni afaan tokkoof olaantummaa kennuufi kanneen biroo mirga dhoowwachuu hawaasa manneen barnootaa keessatti kan argaman harka caaluun calaqqisee kan jiruudha.

5.6. Mallattoolee Barumsa Afaan Oromoo Ibsan

Xiinxalli Waallee Liixxaa wantoota ijaan argaman ittiin ilaaluuf kan ooluudha. Wantoonni ijatti mul'atan immoo, waajjiraalee, manneen barnootaa keessatti barnoota cimsuuf kan oolan ta'uu malu. Wantoonni ijatti mul'atan kunniin mallattoolee adda addaa kan dabalataniidha. Mallattooleen yeroo kaafaman ergaa isaan dhokataan qaban liixxaan kan ilaalamaniidha. Yeroo itti barumsi AO imaammata barnootaa haaraa keessatti bocamee akka afaan barumsaafi barumsa afaaniitti kennamaa jirutti, waalleewwan mallattoonis jiran xiinxalamaniiru. Afaan tokko qofaan yeroo kennamaa turetti, agarsiiftuwwan adda addaa afaanichuma ittiin deeggaruuf kan calaqqisaa turaniidha. Waalleewwan mallattoo adda addaan agarsiifamanis aadaafi duudhaa sabni afaan sun kansaa ta'e kan calaqqisiisaniidha. Mallattoowwan agarsiiftuu aadaafi duudhaa sabichaa calaqqisiisan keessaa alaabaan isa tokkoodha. Agarsiiftuu aadaafi duudhaa sabichaaf, bakka hawaasni kun jirutti ittiin ibsuuf alaabaan kan dhaabbatuuf yoo ta'u, Biiroo Barnootaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti, alaabaan sirni afaanichaa hojjechaa jiraachuu agarsiisu bakka hojjettoonni Sirni Barumsa Afaan Oromoo jiranitti hinargamu. Waajjiraalee Barnootaa Kutaa Magaalotaa jiran keessatti bakka hojjettoonni sirna barumsa Afaan Oromoo (SBAO) jiranitti fuuldura isaaniitti irra caalaan fannifamee kan jiruudha. Manneen barnootaa keessatti yeroo jalqaba labsiin afaanii ba'u alaabaan kan naannoo Oromiyaafi aadaa sabichaa afaansaa duukaa agarsiisu fannifamaa ture. Mormii yeroo sana irratti ka'een, yeroodhuma sana akka hinfannifamne akkasumas faaruun alaabaas akka hingeggeeffamne dhorkame.

Bakka sabni afaanicha dubbatu jirutti afaan isaatiin akka baratu labsiin darbe. Afaanni immoo, agarsiiftuu eenyummaafi calaqqisiiftuu aadaati. Eenyummaafi aadaan saba tokkoo afaan inni

dubbatuun yoo ibsame irra hiika qabaata. Alaabaan immoo, eenyummaa, falaasamaafi siyaasa saba sanaa kan calaqqisiisuudha. Sabichi alaabaa ofiisaa qaba; afaan ittiin of ibsuufi aadaasaa ittiin ibsatuun barumsi geggeeffamuun fudhatama qabaatus kun iddoo kanatti walfaana geggeeffamaa hinjiru. Sabni afaanicha dubbatu akka alaabaasaan faarfatu yoo ayyamameefiyyuu, mormiiwwan jibba afaanii fakkaatutu mudate. Barumsichi dareetti qofa jira jechuudha.

Mallattooleen kan biroon fakkiilee bobboca adda addaa mooraa manneen barnootaa keessatti akka deeggarsa barumsaatti kaafamanii jiraniidha. Fakkiileen kaafaman kunniin dhaabbii manaa, sibiilota adda addaafi kanneen biroo irrattiidha. Kan bocaman callisanii osoo hintaane, ergaa isaan barattootaaf barnoota dareetti kennamu cinatti dabarsan giddu-galeeffatamee kan kaafamaniidha.

Haaluma kanaan, manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaatti, naannoo dareewwan oolmaa daa'immaniitti qorataan daawwannaa taasiseen fakkiileen kaafaman gara alaatti guutummaan guutuutti barumsa Afaan Amaaraa qofaa deeggaruun kan kaafamanii jiraniidha. Daree barnootaan alatti barumsa AO deeggaruuf kan kaafamanii irratti barreeffaman hin argaman. Kana jechuun immoo, afaanota barumsi afaanii ittiin manneen barnootaatti kennaman gidduutti walcaamaan akka jiru kan agarsiisuudha. Illaanya (ideology) aftokkee deeggaruun afdanee irratti mormiin akka jiru, afaan tokko qofa kana jechuun Afaan Amaaraa ittiin deeggaruuf mallattooleefi meeshaaleen deeggarsa barnootaa irra caalaan kan jiraniidha.

5.7. Ibsa Gochaalee/ Dubbii Afaaniitti Jiraniin

Xiinxalli waallee liixxaa ergaawwan afaaniin akkasumas barreeffamaan darban eessaafi akkaataa dhiyeenyaa irratti hundaa'uun illaanyaafi miidhaa aangoo itti fayyadama afaanii sana keessa jiru ittiin ilaaluuf kan ooluudha (Van Leeuwen, 2008). Barumsi afaanii sirna qabaatee hojiirra oolee jiru keessumaa, iddoo itti aflameen geggeeffamutti walcaalmaan itti fayyadama afaanii barumsa afaanotaa kanniin keessatti gama barreeffamaafi afaaniin jiran mala xiinxalaa kanaan ilaalamuu kan danda'aniidha. Bulchiinsi Magaalaa Finfinnee sirna barnootaa haaraa yeroo dhiyoo as hojiirra oolchee jiru keessatti sagantaa afaanota lamaan kan geggeessaa jiruudha. Afaan duraan magaalicha keessatti waggoota dheeraaf ittiin barachuu-barsiisuun adeemsifamaa ture Afaan Amaaraa biratti dabalataan Barumsa Afaan Oromoo sirna haaraan ittiin barachuu-barsiisuun geggeeffamaa jiruudha.

Hojjettoonni biiroo barnootaa keessatti SBAO irraa hojjetan kutaan ofdanda'e adda ba'ee kennameefii kan jiru yoo ta'u, afaan yeroo baay'ee isaan itti fayyadaman waliisaaniitti AO tiini. Maamiltoota isaaniitti garuu, yeroo jalqaba walargan afaan isaan itti dhimma ba'an, yoo maamilli sun dursee dubbateen ala Afaan Amhaaraatti fayyadamuutu irraa mul'ata. Achuma

keessattimmoo, afaan duraan ittiin hojjetaa turan AAmh tti yeroo baay'ee kan fayyadaman jiru. Afaan Oromoon yaadasaanii sirriitti baasanii kan hin ibsannes muraasi nijiru. Adeemsuma kanarraa hojjechaammoo, kutaa adda addaatti faffaca'anii hojjettoonni kanneen akka superviseroota kutaa magaalaa keessaa kanneen hojjetan waliin ta'uun manneen barnootaa akka hoogganan ni argamu. Mata-dureewwan adda addaa jalatti, barjaan maqaafi gaheen hojii isaanii Afaan Amaaraa qofaan barreeffamee akka jiru eerame, hojjettoota sirna barumsa kanaarraa hojjetan birattillee ni argama.

Kutaa magaalotaatti waajjiraalee barnootaa keessatti kutaa bal'aa tokko keessatti adeemsa irraa hojjetaniin iddoo tokkotti walitti dhiyaatanii kan taa'aniidha. Akkasumatti, warri adeemsa SBAO irraa hojjetan bakka tokkotti walitti naanna'anii kan argamaniidha. Afaan isaan irra jireessaan itti fayyadaman waliisaaniitti AO ta'us, maamiltoota gara isaanii dhufaniif yoo maamila sanarraa jalqaba afaanichaan fayyadamaniin ala yaalii isaan dursanii AO tti fayyadamanii waliin dubbii taasisan amma qorataan argetti baay'inaan hinmul'atu. Yaadota olitti daawwannaan argaman keessatti garaagarummaan akkuma jiru, qorataan afgaaffii hojjettoota biiroo barnootaafi waajjiraalee barnootaa keessaa Sirna Barumsa Afaan Oromoo irraa hojjetaniif dhiyeesseen odeeffannoo argate xiinxala lamaan iddoo tokkotti itti fayyadamuun xiinxaleera.

(3)

57. … rakkoowwan duraarraa addaan ofbaasuu dadhabuutu jira.
58. Tokko tokko kan ofdhoksee jiraatu jira;
    AAmh. osoo hinbeekin kan tti rakkatu nijira;
    kun sirna duraan turetu dhiibbaa qaba.
56. Duraan nan dhiibama waan ta'eef, afaan kootiin akkan haasa'u,
    aadaakoo akkan calaqqisiisu naa hin ayyamamu ture;
    amma ani dhuguma dhalataa biyya Itoophiyaa ta'uukoon ofitti amane.
87. … dhugaa dubbachuuf, nuti akka itti of ilaalluu, bakka itti aadaankee hinjirretti, bakka seenaankee du'ee jirutti, deebitee oftaatee, of fakkaattee, akka siif maluufi akka siita'utti, akka dhaloota qubeetti gammachuu guddaatiin hojjenna.
88. Gaaffii baay'een, Finfinnee keessatti AOn barachuu akka ta'u irratti wareegame ilaalaa waan hojjennuuf sabboonummaa guddaatu nutti dhaga'ama.
69. Aarsaan afaan kanaaf kaffalame guddaa waan ta'eef gammachuutu natti dhaga'ama.
79. Ani har'a lubbuun jiraadhee kan darban darbanii har'a ga'ee kana arguukootti gammachuu guddaan itti qaba

> 113. … adeemsicharraa hojjechuun sabicha fayyadeera jennee waan keenyuun ala, akka dhuunfaatti faay'idaan addatti nuufta'e hinjiru; sababiin isaa adeemsuma dur Afaan Amhaaraatiin hojjechaa turre ammas hojjechaa jirra waan ta'eef…

Qorataan dalagaalee/ dubbii afaaniin wantoota hojjettoota kana bira jiru daawwannaafi afgaaffiidhaan ragaalee argate walumaan xiinxalee kaa'eera. Ragaan daawwannaan argame akkuma agarsiisu, hojjettoonni biiroofi waajjiraalee keessatti SBAO irraa hojjetan xiyyeeffannoon isaanii akka walcaaluudha. Kanaaf immoo, ilaalchonni dogoggoraa kanaan dura turan dhiibbaa akka irratti taasise lakkoofsa (3) aanguu (57 fi 58) irra kan jiruun ibsameera. Namoonni garee kana jalatti ramadaman, adda ta'anii illaanya afheddee deeggaruurra, hawaasuma kana keessaa sirna kanarraa akka hojjetan itti kenname akkuma duraatti yoo ta'e kan barbaadan jiru. Addatti mul'achuu dhiisuu yookiin ofdhoksuun kan jiraatan, Afaan Amhaaraan immoo, hojjechuu kan barbaadan akka jiran deebiin afgaaffii kanaan kenname agarsiiseera.

Sarara (56) irratti kan kenname immoo, namoota illaanya isa duraarraan faallaa ta'e qaban kan biroon akka jiran kan agarsiisuudha. Hojjettoonni kun iddoo teessuma isaanii irratti illee maqaafi gahee hojii isaanii, alaabaa aadaafi eenyummaa isaanii ibsu sodaa tokko malee kan fi fannifataniifi Afaan Oromootiin barreeffatanii jiru. Dhiibbaan duraan ture gama itti fayyadama afaaniitiin sabicha hacuuccaan irra ture amma of dagatutti, magaalicha keessattis eenyummaa isaanii dagachiisuun afaanuma tokkoon of ibsaa turuu ibsaniiru.

Afaanichaan dubbachuun, aadaa ofii calaqqisiisuun akka dhorkamaa ture ibsuun, dhiibbaan sun immoo akka of wal'aalan kan taasiseefi burjaajiin biyyuma kana keessatti afaan tokkoon of ibsuun biyya jedhamaa ture kan agarsiisuudha. Amma garuu, afaan kootti fayyadamee yeroon magaalicha keessatti ittiin hojjedhu, lammii biyyichaa ta'uu akka ofitti amanamummaa qaban ibsa isaanii keessatti argameera. Magaalaan keessatti barachuu-barsiisuun afaanichaan geggeeffamu duraan kan sabichaa akka ta'eefi dhiibbaan afaanirratti jiru mormuuf aarsaan kanaaf kaffalames jiraachuu beekanii kan hojjetan, sabboonummaan akka itti dhaga'amu waallee isaan ittiin ibsaniidha.

Odeeffannoo qorataan dalagaaleen yookiin gochaaleen/ dubbii afaaniin barumsa afaanii daree keessatti geggeeffamu biratti, afaanitti fayyadamuun ergaawwan darban barsiisotaafi barattoota irraa dhiyaatanirraa argateedha. Haaluma kanaan, barsiisonni manneen barnootaa keessaa waliisaaniiti, barattoota sagantaa AO baratan waliin irra jireessaan AO n waliigalu. Barsiisota manneen barnootaa muraasa keessatti argaman irraa kan hafe, iddoo baay'eetti barsiisonni walitti dhufeenyi isaan sagantaa barumsa afaanii biroo irraa barsiisan waliin

qaban daanga'aadha. Kana jechuun, qofaatti kan ta'aniifi bakka tokkotti adda ba'anii waliisaanii qofaan waliin kan ta'aniidha. Sodaafi ija shakkiin wal ilaaluutu isaanirraa mul'ata. Barattoonni sagantaa barumsa AO irraa baratanis, barattoota sagantaa barumsa AAmh irraa baratan waliin walitti dhufeenya kan hinqabneefi wal qoollifachaa, irra jireessaan daree keessatti qofa AO kan dubbataniifi achii gadi ba'anii AAmh n kan waliigalaniidha. Yoo AOn dubbatanis sodaa akka qaban; hawaasi kan biroon barsiisota isaanii dabalatee miira gadaantummaatiin akka isaan ilaalan dubbatu.

5.8. Gochaalee Raawwataman

Manneen barnootaa bulchiinsa magaalichaa keessatti, bakka hawaasni sagantaalee afaanota lamaan ittiin hojjechaa jiranitti, gochaaleen raawwataman gahee hawaasa achi keessa jiruuti. Hawaasni tokko yeroo dalagaalee itti kennaman raawwatu, inni kan biroon immoo, taajjabaa akka ta'uuf osoo hintaane, walqixa akka hirmaatuuf itti kennama. Hojiin manneen barnootaattii hojjetaman kan gareen hundi waltumsuun hojjetamuudha. Maamiltoonni hawaasa manneen barnootaas barattootaafi maatii barattootaati. Barattoonni hawaasa manneen barnootaas ta'anii walfaanammoo maamila hojii barnootaatis; sababiin isaa, gochi raawwatamu isaanirrattiifi isaaniifis waan ta'eefi. Haala kanaan, manneen barnootaa bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti argaman barattoota sagantaa barumsa afaanota lamaan baratan kan simatee barsiisaa jiruudha. Gochaaleen kallattiinis ta'ee, alkallattiin manneen barnootaa keessatti qooda fudhattootaan raawwataniifi barattoota achi keessa jiranirratti akkasumas isaaniif jedhamee raawwatamu ilaalchisee qorataan qorannoosaa keessatti odeeffannoo raghimtoota irraa argateera. Odeeffannoowwan afgaaffii, marii gareefi daawwannaan argaman gochaalee raawwataman gaditti kan jiraniidha.

(7)

376. Yeroo ijoollee warra sagantaa AAmh baratan waliin walitti buunu,
adabbiin keenya tokko miti;
nuun baay'ee xiinsammuu keenya numiidhu.

383. Yeroo nuti minimiidiyaa irraa hojjechuuf sirba AO tokko banuuf jennu
nu arrabsu; nulolu; sirbi AO tasuma akka dhaga'amu hinbarbaadan

381. Barsiisonni mudaa xinnoo nurratti arginaan baay'ee nulolu;
barattoota isaaniitti garuu, hindubbatan; baay'ee wal nu caalchisu.

376. Carraa walqixxee argatanii waliin hojjechuutti hin amanan.

377. Kalaqa agarsiisuuf gaafa nuti dhaqnu, afaan keenyaan akka ibsinu itti himne;
isaan immoo, AAmh qofaan ibsitu nuun jedhan.

378. Sadarkaa oolmaa daa'immaniitti sagantaa AAmh. qofaa xiyyeeffannoo kennuu; yeroo gaafataman AO hinbeeku jechuun deebisuutu jira.

Qindeessitoonni kun AO hindanda'an; haaromsi (rifoormiin) isaaniif hintaasifamne.

Yaadota olitti raghimtoota irraa fudhataman sarara lakkoofsota (7) irratti kan jiran, barattoonni sagantaa afaanota lamaaniif barsiisotas ta'ee kanneen biroon ija tokkoon ilaaluun akka hinjirre kan agarsiiseedha. Odeeffannoon kun kan argame barattootaafi supervaayiseroota manneen barnootaarraa kan argame yoo ta'u, kallattiin warra gocha kana arganiifi irratti raawwatameedha. Illaanyi jibba afaaniifi olaantummaa afaan tokkoof jiru, hawaasa manneen barnootaa keessatti iddoo baay'eetti gochaaleen/ dalagalee raawwatamaniin kan calaqqisaniidha. Jibbi afaanii qabaniin gochaaleen manneen barnootaatti qooda fudhattootaan raawwataman, hawaasi manneen barnootaa ija tokkoon ilaalamuuf afaan walfaakaataa dubbachuu akka qabaniif jedhamee kan qoodamu fakkaata. Jibbi afaanii gochaalee raawwataniin barattootaafi barsiisota akkasumas hawaasni Sirna Barumsa Afaan Oromoo irratti akka calaqqisu taasifame, sabichis akka duukaa gadaantummaan ilaalamu taasise jechuudha.

Sarara (377) irratti jiru gochaaleen yeroo kalaqa agarsiisan mul'ate, kalaqa sana agarsiisuu gocha alkallattiin barattoota barumsa AO irratti raawwatameedha. Kallattiin osoo hintaane, bakka itti agarsiifamu qabatanii erga achi ga'anii akka agarsiifamu kan hinbarbaanne immoo, Afaan Amhaaraa qofa jechuun ofirra akka deebi'an taasisuun akka jiru odeeffannoo barattoota irraa argameedha. Kalaqni agarsiifamuun kan barbaachise, dandeettii barnootaan argataniin ofiisaanii, mana barnootaa irra darbee immoo biyyaaf akka hojjetuuf ta'us, walcaalmaan dalagaalee kanniiniin raawwateera. Barataa sana ibsuuf, darbees mana barnootaa sanatti beekamuu kan danda'u hojichi afaan ittiin dhiyaatuun walitti hidhuun ilaalama jechuudha. Himni sarara itti aanus kanuma kan agarsiiseedha.

Gochaaleen raawwataman walqixatti sagantaa barumsa afaanonni lamaan ittiin kennaman hawaasicha kan hirmaachisan miti; agarsiiftuun kanaa miinimiidiyaa irratti barattoonni sagantaa AO irraa yeroo isaan afaan kanaan hawaasichaaf ergaa akkasumas bashannansiisuuf yaalan nidhorkamu. Dhorkuurra darbuun bakka qorataan filate mana barumsaa tokkotti barattoota kanniin keessaa akka carraa guyyaa tokko AOtti fayyadamuun yeroo minimiidiyaarraa carraan kennameefii dubbachuuf yaalutti, hawaasa mana barumsaatiin ala gamtaa maatii barattootaa keessaa barataa inni qabee gadi darbate argatee haasofsiiseera. Afaanota barumsi ittiin kennamaa jiraniif carraan walqixxee yeroo kennamee jirutti, jibba afaanii kan qabaniin afaan tokko caalchifachuun isa tokko gadi qabuutu jira.

5.9. Walqixa Hirmaachisuu

Afaan duraan Magaalaa Finfinnee keessatti waggoota dheeraaf ittiin barachuu-barsiisuun adeemsifamaa ture Afaan Amaaraa dabalatee, barumsi AO immoo yeroo dhiyoo kana ittiin geggeeffamuu jalqabee jira. Magaalattii keessatti manneen barnootaa keessatti barattoonni fedhii isaaniin sagantaa afaanota lamaan keessaa tokko filachuun baratu. Sagantaa afaanota lamaaniif sirna barnoota afaanii kan mataasaanii qabu. Dalagaaleen mooraa akkasumas kutaawwan adeemsa hojii tokko keessatti raawwatamaniin, walqixatti akka itti hirmaatantu ajajni darba. Kanneen keessaa dalagaalee waallawaan (discursive practice) hirmaannaa hawaasa sagantaa barumsa afaanota lamaanii maal akka fakkaatu raghimtootaafi daawwannaa irraa odeeffannoo argame akka kanaa gadiitti kan tarreeffaman xiinxala hiika isaan qabaniitu jira.

5.10. Hirmaannaa Hojiilee Keessatti Qooda Qabaachuu

Hirmaannaan kallattii adda addaan manneen barnootaa keessatti taasifamu barumsa kutaatti kennamu cimsuuf dalagaaleen raawwataman jiru. Dalagaaleen waallawaa kunniin immoo, alkallattiin walqixatti akkasumas walcaalmaan akka ittiin calaqqisu gochuun nijira. Kun walcaalmaan siyaasa manneen barnootaa keessatti barsiisonniifi barattoonni sagalee yookiin dhageettii xiqqoo dhimmuma isaan ilaallatu irratti akka qabaatan taasisa (Baroutsis et al., 2015). Gochaaleen kallattiin barattoottaafi barsiisota manneen barnootaatti carraa walqixxee kennuufiin hirmaachisuun mirga isaan qabaachuu danda'aniidha. Kanaan ala bifa dhokataan mirga isaanii irraa mulquu qofa osoo hintaane, hojicha akka hinhojjetamne taasisuun cinatti dandeettii isaan qaban daangessuudha. Kutaa Magaalotaa keessatti waajjiraalee barnootaafi manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi giddu-galeessaatti argamuun odeeffannoo qorataan raghimtootaafi daawwannaan argate akka agarsiisanitti hirmaannaan hawaasa sirna barumsa afaanii sagantaalee afaanota lamaan irraa hojjetan walqixa miti. Kunis, waalleewwan duraan jiran irraa garaagarummaa inni qabu sadarkaa dubbiirra kan darbe miti. Kanneen agarsiisuuf yaadota gaditti jiran xiinxaluun kan ibsameedha.

(4,5**)**

367. Qindeessaa yuunitii keessaa sagantaa afaanota lamaanii keessaa, tokko qofarraa filatamu; gareen naamusaas kanuma; kun immoo, rakkoodha.
213. Hanga ammaatti afaan lamaan fayyadamnee hinbeeknu;
Minimiidiyaan afaan tokkoon geggeeffama;
214. AO itti dabaluun guyyaa tokko barattoonni geggeessuuf yaallaan gamtaa maatii barattootaa warri ta'an dhufanii barattoota sana gadi baasanii beeku
169. Barattoota AO baratan kanniin barataa jedhanii fudhachuu dadhabuu

170. Barattoota AO barattoota kaan waliin ija walqixaan hin ilaalan.

398. Daawwannaa deemuu barattoota afaan tokkoo qofa;
gaaffiifi deebiin isaan qofa gidduutti adeemsifama.

Lakkoofsa (4, 5) irratti sarara jalqabaa irratti kan argamu, hojjettoota mooraa manneen barnootaa tokko keessatti hawaasa sagantaa afaanota lamaaniif walqixa afaanitti fayyadamuun dalagaalee raawwachuun akka hinjirre agarsiisa. Hedduu waan kana irratti gaafachaa akka turaniifi kan isaan dhaga'uu hindandeenye odeefkennitoonni qorataaf deebisaa turaniiru. Koreewwan lamaan kunniin barattootaafi barsiisota irratti kan hojjetaniidha; hawaasi Oromoo immoo, hojiiwwan kana keessatti walqixa hirmaannaa gochaa hinjiran. Itti fayyadamni afaanii dalagaaleen ittiin raawwataman dhorkamuun barumsa Afaan Oromoo akka hinbabal'anne godha. Hawaasa Oromoo achirraa fageessuun kan barbaachiseef kanaaf ta'uu danda'a.

Gumiin minimiidiyaa mana barumsaa tokko keessatti kan dhaabbatee jiruufi hawaasaaf odeeffannoon kan darbu achirraati. Walquunnamsiiftuufi bakka afaan itti fayyadaman achirraa kan eegaluudha. Himni sarara itti aanee jiru keessatti kan argamu, minimiidiyaan akka AOn hingeggeeffamne eera. Manneen barnootaa hedduu keessatti hojiirra oolaa kan hinjirreedha. Biiroodhaa kallattiin kennamu ragaan argadhe akka ibsutti, lamman isaanii yeroo walqixxee fayyadamanii ergaasaanii dabarfatu kan ajajuudha. Hirmaannaan walqixxee sagantaa afaanota lamaaniif kan hinjirreedha. Barattoota Oromoo AOn baratan yaaliif yeroo isaan sirboota AO akkasumas ergaa isaanii afaanichaan dabarsuuf yaalan, gareen hinbarbaanne miidhaa akka irraan geessisan barattoonni dubbatu. Dhiibbaan gama kanaan afaan kanarra ga'u kan jiruudha; garuu, afaanichatti fayyadamuun ergaan yoo darbe saba kan biroo miidhaa irraan geessisu hinqabu. Illaanya isaanii ittiin calaqqisiisuuf, dalagaaleen akkasii manneen barnootaa keessatti kan raawwataniidha. Barattoota sagantaa AO irraa barataniif, ilaalchi hawaasichi qabu gadi bu'aadha. Akka namoota mirga qabaniittis ilaalanii, hojii walqixxeef hinqopheessan jechuudha. Waalleewwan manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalichaa keessatti itti fayyadama afaaniirratti ture, afaan tokkoon kan jedhutu itti fufee akka deemu barbaadama. Illaanya aftokkeefi afdaneessa jedhuun yeroo mormiin jiraatu niargama. Itti fayyadamni manneen barnootaa keessatti afaan tokkoof qofa carraa kennuu immoo, afaan biroo akka hinguddanne yookiin hinbeekamne taasisa jechuudha. Mirga walqixxee osoo itti hinfayyadamin hafuun, walcaalmaan afaan keessatti akka calaqqisu dagaagsa jechuudha.

5.11. Hirmaannaa Dhiyyeessii Leeccalloo

Manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi giddu-galeessaa keessatti barattoonni fedhii isaaniin sagantaa afaanota lamaanii keessaa filatanii baratu. Kun sirni imaammata afaanii qophaa'eefii bulchiinsi magaalichaa kan murtee dabarsee ittiin hojjetamaa jiruudha. Hojjettoonnis ta'ee barattoonni leeccalloowwan jiranitti walqixatti akka fayyadaman mirga guutuu kenneeraaf. Faallaa kanaa, ilaalchonni mana barumsaa keessa jiran, qoqqoodiinsi akka uumamu taasiseera. Kunis, imaammanni barumsa afaanii amma hojiirra oolaa jiru, afaan isa tokkoof akka loogetti, kan biroo immoo miidhuuf akka deemamutti ilaaluun ibsaa akka turan xiinala waallee liixxaan jechoota ogummaa itti fayyadama afaanii isaanii keessatti kutaa olaanutti ilaalamee kan ture kana kan nutti agarsiisuudha. Asittis raghimtoota irraa odeeffannoo qorataan argameenis yaadota gaditti jiran walqixxummaan hirmaannaa leeccalloo barumsa sagantaalee afaanota lamaaniif godhamu akka hinjirre kan agarsiise ittiin ilaaluuf kan fayyadameedha.

(3)

165. Barattoota kanaaf bakka hintaane, naannoo mana fincaanii, kutaa dukkanaa kennuufiitu jira.
166. Barattoota AO meeshaalee garagaraa hanqisuu
132. Xiqqoodha jedhamee yeroo itti adda ba'anii ilaalamutu jira…
133. Humni namaa naannoo waajjiraa jiru hinguutamne
134. Barsiisota addatti baasanii ilaaluu: iddoo faayidaatti, …
135. Dhiibbaan keessatti inuma jira;
    barsiisota afaan kanaan barsiisan faay'idaadhuma xiqqoo xiqqoo dhowwachuu
    kan akka uffata seeraa (gaa'onii) isaaniin hinjiru jechuu…
124. Meeshaaleen/ leeccalloon barbaachisu walqixxeetti qoodamuu dhabuu; kan AO lakkoofsaan xiqqoodha jedhanii waan yaadaniif osoo hinqoodinfaa hafu.
99. Hojjettoonni biroon akki isaan itti ilaalan, akka rakkootti ilaalu;
    qisaasa'ina humnaafi leeccallootti ilaaluun, isin abbaa dabaree waan taataniif malee,
    aangoon isin harka waan jiraniif malee,
    barattoota lama ykn sadii barsiisuun kun rakkoodha jedhanii fudhatu.

Mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa bulchiinsa magaalaa Finfinnee tokko keessatti kan qorataan argeefi afgaaffii kanaan kan walfakkaatu jira; kan warra Sagantaa Barumsa Afaan Oromoo mana dur ijaarame, umriin isaa dheeraa, dareetti qoqqooduuf kan hin mijanne, kutaa caccabaa, bal'inni daree baay'ee dhiphoofi kutaa dukkanaa keessatti barattoonni afaanichaa kutaa tokkoo hanga saddeetiitti kan barataniidha. Manni kun bakki argamasaa lafa barattoonni kubbaa itti taphataniifi naannoo mana fincaaniitti akkasumas barattoota fedhii

addaa waliin bakka tokkotti kan argamuudha. Faallaa kanaa warri afaan biroo immoo, gamoo abbaa darbii afurii ykn shanii keessatti baratu.

Gochaaleen alkallattiin mana barumsaa kana keessatti raawwataman mirga afaanichaa akka itti hinfayyadamne dhorkuu qofa osoo hintaane eenyummaa sabichaa saba biroorra gadaantummaan ilaaluutu mul'ata. Sabicha akka lammii lammaffaatti fudhachuun barattootaaf iddoo hinmalleef kennuu isaaniitu agarsiiftuudha. Kutaa dhiphoo bakka keessatti barattoota barachuu-barsiisuun itti kennamu mitii, iddoo keessa dhaabbatanii ba'uuf hinmijannetti akka keessa taa'anii baratan gochuutu jira. Kutaa dhiphaa ta'uu qofa osoo hintaane, mana dulloomaafi foddaan, baaxiin, balballi isaa caccabaa kan ta'e keessatti barsiifamaa jiru. Mana fincaanii cinatti kan argamuufi kutaa dukkanaa akkasumas iddoowwan itti qaama miidhamtoonni baratanitti naannessuun, kutaa 1-8 tti walitti fufanii kan barachaa jiraniidha. Barattoonni kan biroon dhufanii irratti kan kubbaa taphatan, sagaleef keessatti barachuun kan hintolle keessatti barsiifamuun, barattoota saba biroo immoo, gamoo amma darbii afuriitti qabutti barsiisaa jiraachuu qorataan taajjabeedha.

Qabeenyi manneen barnootaa mootummaan qoodeef barattoonni sagantaa lamaan akka itti fayyadamaniifi. Sababiin isaa, afaantu garaagara malee fedhiin isaan qaban tokkuma; dalagaaleen raawwataman garuu, gareewwan adda addaa walcaalchisuun manneen barnootaatti kan raawwatamaniidha. Dalagaaleen waallawaa kanneen kana raawwatan tuffiifi illaanya olaantummaa waggoota hedduuf magaalicha keessatti qofa osoo hintaane, biyyattii keessatti calaqqisaa turan alkallattiin kan agarsiiseedha. Walcaalmaan duraan ture, aangoon waan hojiirra ooluuf, dubbachuun illee hawaasarraa yoo mudate, adabbii guddaa waan qaqqabsiisuuf callisanii ofwallaaluun jiraachuutu hawaasicha mudataa kan ture. Har'as labsii barumsa afaanii amma asitti haa barsiifamu jedhame, kallattiin aangootti fayyadamuun mirga sabichaa dhowwachuun hanqannaan, alkallattiin nuffisiisanii hawaasicha dadhabsiisuuf leeccalloo adda addaa manneen barnootaa keessatti dhowwachuutu mul'ate. Walcaalmaan saboota adda addaas bifa alkallattiin karuma kana calaqqisiisaa jiru.

6. Cuunfaafi Yaboo Qorannichaa

6.1. Cuunfaa Argannoowwan Qorannichaa

Dubbarruuwwaniifi mallattooleen barumsa afaanii agarsiisuuf bulchiinsa Magaalaa Finfinneetti manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessa jiran mirga afaanota barumsi ittiin kennamu iddoo baay'eetti kan eegan miti. Barreeffamaafi gochaaleen biiroo irraa jalqabee hanga dhaqee mana barumsaatti jiran ittiin barreeffamaniifi agarsiifaman dhiibbaawwan gama barjaaleen kanaan dura waalleen afaan tokkotti dhimma ba'uu kan cabeefi iddoo baay'eetti afaanota lamaanitti dhimma ba'uun nijira. Kana jechuun garuu, mirga afaanota

barumsi afaanii magaalicha keessatti ittiin kennamaa jiranii guutummaan guutuutti kan eege jechuun hindanda'amu. Fakkeenyaaf. barjaaleen yeroo barreeffaman afaanota lamaan naannoo biiroo barnootaatti kan jiran yoo ta'u, kutaawwan baay'eetti immoo akkuma duraan turetti afaan tokko qofaan jira. Naannowwaniifi balbala waajjira barnootaa kutaa magaalotaa irratti afaan tokko qofaan barreeffamanii jiru. Manneen barnootaatti balbala olseensaa irratti qofa afaanota sadiin barreeffamanii kan jiraniifi keessoo isaaniitti iddoo baay'eetti afaan tokko qofaan barreeffamanii jiru.

Gochaaleen kallattiin osoo hintaane, alkallattiin jiran akka barumsi afaanichaa hinmilkoofneef kan raawwataman nijiru. Barattoota sagantaa Barumsa Afaan Oromoo irraa baratan xiinsammuu isaanii miidhuuf adabbii hinmalle itti kennuu, gumiiwwan adda addaa kan akka minimiidiyaa irraa fageessuu, bakka isaan itti baratan kutaa dukkanaafi baay'ee dhiphoo ta'e kennuufii, barattoota sagantaa afaan biroo irraa baratan akka isaan jeeqaniif itti gadi dhiisuu, barsiisota sirna afaanichaarraa hojjetan faayidaa dhoowwachuunfaa kanneen akka ijootti ka'aniidha. Afaaniin ergaawwan darban hawaasa manneen barnootaatiif afaan tokko qofa AAmh tiin fayyadamuuni. Waltajjiin sadarkaa adda addaatti geggeeffamu, afaanuma kana qofaan akkuma duraaniitti kan geggeeffamuudha. Agarsiiftuwwan kanneen hundi walcaalmaa afaan keessatti kanaan dura biyyicha keessatti calaqqisaa ture kan agarsiisuudha.

Ergaan adda addaa akkasumas waltajjiin sadarkaa garagaraatti akkuma duraanii AAmh qofaan geggeeffama. Barjaaleen jiran naannoofi balbala olseensa biiroo barnootaatti afaan lamaan, manneen barnootaatti balbala olseensaa irratti afaanota sadiin agarsiiftuwwan jiran gaarii kan jechisiisan jiru. Iddoo muraasarraa kan hafe barjaaleen jiran keessootti afaan tokko qofaan jiru. Gochaaleen akkasumas mallattooleen calaqqisan olaantummaa afaan tokkoof kennuutu jira; Barattoota sagantaa Barumsa Afaan Oromoo irraa baratan adabuu, barsiisota Sagantaa Barumsa Afaan Oromoo kanneen kaan irra hirmaannaa gadaanaa alkallattiin irratti hojjechuun nimul'ata.

6.2. Yaboo Qorannichaa

Barumsi AO manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee keessatti akka kennamu yeroo murteen darberraa kaasee dalagaaleen adda addaa biiroo irraa kaasee hangma manneen barnootaatti raawwataman kan jiraniidha. Qooda fudhattootaafi raawwiin jiru, adeemsa barumsi afaanichaa keessa darbaa dhufaniifi itti fufiinsa isaa irratti qorataan qorannoosaa keessatti akka yabootti kanneen gaditti tarreesseedha.

- Illaanya (ideology) itti fayyadama afaaniirratti jiru guuutummaatti walitti fiduun yoo dadhabames dubbarruuwwan, mallattooleefi gochaalee mul'atan sagantaa barumsa afaanotaa lamaaniif murtoo adda addaa irratti dabarsuun irratti hojjechuu barbaachisa.
- Aadaa siyaasa biyyichaa keessatti waalleen itti fayyadama afaaniirratti turan amma dhiibbaa isaan qaqqabsiisaa jiran bulchiinsa magaalichaa keessattis itti dhiyeenyaan hordofuun kallattii agarsiisaa deemuun barbaachisummaa qaba.
- Bifa walfakkaataa ta'een mirga sagantaa afaanota lamaan barumsi ittiin kennamaa jiru eegsisuu danda'uun sadarkaa biirootti, waajjiraalee kutaa magaalotaattiifi manneen barnootaatti akka itti fayyadaman dirqamsiisuu.
- Dhimma paartii siyaasaa godhanii walqabsiisuurra, afaan ofiitiin barachuun mirga dhala namaaf kenname keessaa tokko ta'uusaa itti amananii fudhachuudha.

Wabiilee

Adugna Barkessa, (2016). The Discursive Construction And Representation Of The Waata Identity: A Critical Discourse Analysis Of Oral Texts. Addis Ababa University: Unpublished PhD Dissertation.

Blommaert, J. (2005). Discourse. Key concept in sociolinguistics. Cambridge: Cambridge University Press.

Bourdieu, P. (1991). Language & symbolic power (J. Thompson, Ed.; G. Raymond & M. Adamson, Trans.) Cambridge, MA: Harvard University Press.

Brown, G. and Yule, G. (2003). Discourse analysis. Cambridge: Cambridge University Press.

Dornyei, Z. (2007). Research methods in Applied Linguistics: Quantitative, qualitative and mixed methodologies. Oxford: Oxford University Press.

Fairclough, N. (2003). Analyzing Discourse: Textual Analysis for Social Research. Lon don: Routledge.

Gee, J. P. (2008). Social linguistics and literacy: Ideology in discourse. 3rd (edt.), London: Routledge.

Lassieuru, (2004). Countries and Cultures: Ethiopia. Minnesota: Capstone Press.

Schiffrin, D., Tannen, D. and Hamilton, H. E. (2015). The Handbook of Discourse Anlysis. Oxford: Blackwel

Van Dijk, T. A. (2006). Discourse and manipulation. In Book of Discourse and Society, 17, 359-383

Van Leeuwen, T. (2008). Discourse and practice: new tool for critical discourse analysis. Oxford: Oxford University Press.

Walliman, N. (2006). *Social Research Methods*. Sage Publications.

Wodak, R. (2001). 'The discourse-historical approach,' in Wodak, R. and Meyer, M. (eds.), Methods of Critical Discourse Analysis, 63–95. London: Sage publication.